

# Baruumsa Eegaluudhaaf Qophaa'uu

Barumsa eegaluun daa'immanii fi maatiiwwan isaaniif jijjiirama guddaadha. Namoota haaraa, bakkeewwanii fi dalagaa guyyuu haaraan wal-baruun gammachiisaa– fi qormaata ta'uu danda'a. Daa'imni keessan jalqabbii baruumsaa gaarii ta'e akka qabaatan gargaaruudhaaf waantonni gochuu dandeessan baay'eetu jiru.

## Mana barumsaaf jalqabbiin gaarii maalidha?

Maatiiwwan fii kunuunsitoonni barsiisota jalqabaa barattoota isaaniiti. Waantonni isin mana keessatti daa'ima keessan waliin taasistan barannaa fi guddina isaanii keessatti ni gargaara akkasumas mana barumsaaf isaan qopheessa. Karaan gaarii barnootaa fi guddina daa'ima keessanii gargaaruuf qabdan karaa **taphaati**.

Baruumsa irratti jalqabbiin gaarii daa'imman haalaan akka barataniif fi gammadoo ta'an isaan gargaara. Akkasumas yeroo daa'imman mana barumsaa isaanii keessatti gammadoo ta'an, barumsaa isaanii itti fufuuf fedhii godhatu. Manni barumsaa daa'ima keessanii fedhiwwan dhuunfaa daa'ima keessanii guutuudhaaf, yoo barbaachisa deeggarsa dabalataas dhiyeessuudhaan jabeessee hojjeta. Akkasumas daa'ima keessan waantota akka mana barumsaa keessa akka turan isaan gargaaran irratti deeggaruudhaan akkasumas nageenyi, ofitti amanamummaan, fi qunnamtiin turuun isaanii itti dhagahamu gochuun gargaaruus ni dandeessu.

## Mana keessatti taphachaa baradhaa

Taphachuun barnoota daa'ima keessanii gargaaruudhaaf karaa isa filatamaa ta'edha. Taphachuun Herreega isaanii keessatti dandeettii guutuu jireenyaa isaanii ijaara, kanneen akka lakkaawuu, tartiibessuu, garee uumuu akkasumas gita isaanii sirreessuu fa'aa. Taphachuun daa'imni keessan uumamaa fi saayinsii akka baruuf isa gargaara akkasumas akka waa kalaqaan isaan taasisa. Yeroo daa'imni keessan taphatu, waayee mirootaa barachaa jiru akkasumas dandeettiwwan afaanii fi qarooma isaanii dagaagfachaa jiru. Waantotni muraasni isin mana keessan keessattii gochuu dandeessan akka armaan gadiiti:

- **Dalagaawwan Guyyaa Guyyaa:** Daa'imman dalagaawwan guyyaa guyyaa, kanneen akka nyaata bilcheessuu, minjaala qindeessuu fi qulqulleessuu, waantota miicaman qindeessuu, huccuu fi ashaanguulliitiwwan fageessanii kaawuu, akkasumas biqiltuuwwanii fi beeyiladoota mana keessaa kunuunsuu. Daa'imman keessan gaaffii gaafachuudhaan akka baran taasisuu ni dandeessu, kanneen akka *'Daakuu finjaala meeqa nu barbaachisaa?'* yookin *'kaalsiiwwan wal-fakkaatan barbaaddee argachuu dandeessaa?'* jedhan fa'aa.
- **Taphoota:** Taphootni sasalphoo kanneen akka UNO, Snap, Memory, I Spy akkasumas Wal-dhokannaa Barbaaduu(Hide and Seek) daa'imman keessan akka barataniif isaan gargaaru akkasumas waayee dabaree eeggannaa isaan barsiisu.
- **Gamoo Ijaaru(Building blocks):** Gamoo ijaaruun kanneen akka LEGO, bilookiiwwan mukaa yookin saanduqoota kaardii boordii dandeettiwwan mootora gaarii ijaaru akkasumas daandeettii waa kalaquu fi rakkoowwan furuu daa'ima keessanii ni guddisa.
- **Aartiiwwanii fi bobbooota:** Sochiiwwan aartii fi bobboocaa akkasuma dandeettii kalaqqii ol guddisa akaksumas mootora gaarii fi dandeettiwwan rakkoo furuu isaanii ijaara.

- **Uffachuu:** Huccuuwwan durii uffachuun akkasumas taatee biraa fakkeessanii mul'achuu yaaluun dandeettiiwwan kalaquu fi afaan dubbii isaanii ni ijaaru.
- **Muuziqaa, seenaawwanii fi shubbisa:** Dubbisuu, seenaa himuu, dhaggeeffachuun akkasumas muuziqaaf shubbisuun, akkasumas "qabeenya adamsuun' mi'oota naannoo mana jireenyaa yookin mooraa jiran barbaaduun hundi dandeettiiwwan afaanii daa'ima keessanii ni ijaaru.
- **Tapha Ala keessa:** Adeemuu, yaabbachuu, biskileeta yookin iskuutarii yaabbachuu, gara lafa taphaa deemuu, kubbiwwan ijaaruu, kubbaa darbatanii qabuu, kubbaa lallaafaa biraakkeettii teenisiitii yookin kirikeetii lallaafaadhaan rukuchuu, kosii fi dhoqee keessa qofforuun - waantotni kunneen hundi daa'imni keessan akka baratuu fi dagaaguuf isa gargaaru.
- **Qorachuudhaan gaaffiiwwan gaafadhaa:** Yeroo daa'imni keessan taphatutti, gaaffilee kanneen akka '*Kana ibsuu dandeessaa....?*', '*Yoo kuni ta'e maaltuu ta'aa jettaa....?*', '*Gaaffii sana akkamittiin deebista turtee...?*' jedhan fa'aa gaafadhaani.
- **Dalagaawwan Guyyuu:** Waantota guyyaa hunda sa'atii walfakkaataa irratti dalaguun, daa'imni keessan maal akka eeguu qaban akka beekan akkasumas miirota isaanii akka to'ataniif isaan gargaara. Dalagaawwan guyyuu daa'imman barnoota isaaniin akka sirritti wal-baraniif isaan gargaaru. Keessumaayyuu dalagaalee guyyuu yeroo ciisichaa qabaachuun barbaachisaadha, fakkeenyaaf: Irbaata nyaadhaatii dhaqna dhiqadhaa, Piijaamaa uffadhaa, Ilkaan rigadhaa, kitaabilee dubbisaatii garaa siree adeemaa.

## Mana barumsaa bakka baratamaa taasisaa

'Mana barumsaatiif qophaa'aa ta'uun' waayee barnoota idilee miti, garuu waayee manni barumsaa maal akka fakkaatu baruu fi waantota eeggaman kan sirrii ta'an tilmaamuuti. Daa'ima keessan gargaaruuf waantotni isin gochuu dandeessan muraasni kunooti:

- Sagantaalee mana barumsaa kanneen oolmaa daa'immanii yookin mana barumsaa daa'ima keessaniitiin kennaman kamiyyuu irratti hirmaadhaa.
- Gara mana barumsaa deemuu fi galuu shaakalaa.
- Daa'imni keessan ijoollee biroo kanneen mana barumsaa walfakkaataa deeman waliin akka haasawuu akka jalqaban taasisaa.
- Daa'ima keessan akkamitti akka huccuu uffatan, akkamitti akka gara mana fincaanii deeman, harka isaanii dhiqatan, fuullee aduu akka uffatan, akkasumas boorsa mana barumsaa isaanii akkamitti akka qopheeffatanii fi baattatan barsiisuudhaan akka of danda'an jajjabeessaa.
- Waayee barumsaa eegaluu haasa'aa. Daa'imni keessan waayee mana barumsaa isaanii akka gammadanii fi waayee sodaawwan qaban kamiyyuu irratti dubbadhaa.
- Kitaabilee dubbisaa yookin seenaawwan waayee mana barumsaa jalqabuu jiran dubbisaa.
- Barumsaa booda waayee maaltu akka mudatuu dubbadhaa akkasumas shaakalaa.
- saa'atii manni barumsaa itti banamuu fi cufamuu ilaaluudhaan akka fudhatamanii fi deebifamanii galfamaniif qopheessaa akkasumas eessatti akka bu'anii fi essaa akka fudhataman itti agarsiisaa.
- Maqaa barsiisaa fayyadamuu eegalaa, yoo dandeessan.

## Oolmaan daa'immanii daa'ima keessan akkamittiin akka gargaaru

Oolmaan daa'immanii daa'imman mana barumsaaf akka qophaa'an isaan gargaara. Oolmaa daa'immanii keessatti, daa'imman dandeettiinwan karaa taphaa ijaarratu, namoota biroo waliin ta'uun hiriyoota uummatu.

Barsiisaan oolmaa daa'ima keessanii daa'imman keessan oolmaa daa'immanii irraa gara mana barumsaattii **Ibsa Barnootaa fi Guddina Ce'umsaa(Transition Learning and Development Statement (Transition Statement))** barreessuudhaan akka ce'uu danda'an isaan gargaara. Ibsi Ce'umsaa mana barumsaa gara fuulduraa daa'ima keessaniitiif kennama. Dandeettiinwan, ciminootaa, fi fedhiwwan daa'ima keessanii akkasumas akkamitti akka haala gaariin baratan ibsa. Ibsa Ce'umaa daa'ima keessanii akka guuttaniif ni gaafatamtu, akkasumas daa'imni keessanis waan beekanii fi itti dhagahamu isiniif qooduu danda'u.

Waayee Ibsa Ce'umsaa odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, maaloo weebsaayitii(marsaritii) Dippaartimentichaa daawwadhaa(kanaa gadi ilaalaa).

## Dabalata argadhaa

- [eeruwwan mana barumsaa eegaluuf fayyadan \(education.vic.gov.au\)](http://education.vic.gov.au)
- [Sadarkaa KG\(Oolmaa daa'immanii\) irraa gara mana barumsaa deemuu \(education.vic.gov.au\)](http://education.vic.gov.au)
- [Akkamitti akka mana barumsaa filattanii fi itt galmeessitan \(education.vic.gov.au\)](http://education.vic.gov.au)
- [Baruumsa eegalu: daa'ima keessan qopheessuu | Raising Children Network](#)
- [Jalqabbii Barnootaa Fayyaa Qabeessa Ta'e - Chaanaalii Fayyaa Fooyyee Qabu](#)
- [Ce'umsa gara qabeenyota mana barumsaa maatiiwwaniif \(education.vic.gov.au\)](http://education.vic.gov.au)